Minnesota Department of Education

Gaafii fi Deebii Qorannoo MTAS ilaalchisu Dubbisuu, Errega fi Science irratti

MTAS maal inni?

Qormaati Minnesota Test of Academic Skills (MTAS) jedhamun beekkamu, qorannaa addaa kan ta'e, ijoollee hir'rina sammuu barumsaa guddaa kan qabaniif ittin madaaluuf addaan kan qophaa'e dha. Sagantaa qorannaa Minnesota keessaa tokko.

MTAS'n dandeettii dubbisuu, errega, fi science, walumaa galatti, sagantaa barumsaa kan mana barnootaa, ijoollee hir'rina sammuu barumsaa guddaa qabaniif kan qophaa'e, gaariidhumatti hojjetu jedhe kan yaadu dha; garuu dandeettiin madaalamu kun dandeettii hamma dandettii Minnesota Comprehensive Assessments (MCA) madaalamu baayyee gadi, akkas hinjabaatu.

Maal'inni bu'aan MTAS?

MTAS qorannaa seera state fi federal kan gaafatu yks kaa'e barattoonni guutu akka danda'an, qoranna MCA bakka bu'aa ta'ee kan keennamu dha

Manni barnootaa hundi barumsa barattoota hundaaf ta'u, barbaachisu guutuu dhaaf itti gaafatama qabu. Barattoonni tokko-tokko barumsaan rakkina waan qabaniif kutaa isaniif kan barbaachisu qabxii argachuu waan hindandeenyeef MTAS'n manni barumsaa isaanii, ijoolleen akkasii dubbisuu, erregaa fi science'n barumsa Minnesota Academic Standards'tti kan hidhatee jiruu, akka dandeetii ijoollee sanaatti akka isaan argatan mijeesuufii qabu.

Sagantaan barumsaa addaa kan mucaa keessaniif ta'u, barbaachisu Individualized Educational Program (IEP) kan jedhamu, akka itti barsiisan addaa kan barbaacchisu barumsa. MTAS'n kan inni qophaa'eef barumsa barataniin barattoonni guddina isaanii madaaluuf yks safaruuf.

Qormaata kana eenyutu fudhachuun irra jira?

Barattoonni mana barnoota hawaasaa hundi state guutummaatti kan kennamu qormaata kana keessatti qooda fudhachuutu qabu. Qormaati addaa kun kutaa mana barnootaa murtaa'eefii kennamu: dubbisuu (kutaa 3–8 fi kutaa 10), errega (kutaa 3–8 fi kutaa 11), science (kutaa 5, 8, sadarqaa ol'aanaa mana barumsaa keessatti ala tokko duwwaa fudhatu).

Qormaati MTAS barattoota tokko-tokko warra hir'rina dandeetii barumsa guddaa qabaniif ta'uu hinmala. Barattooni akkasii dubbisuu dhaan, erregaa fi/yks science, iddoo qormaata MCA isa state guutummaatti kennamu qormaata kan MTAS fudhachuu danda'u. Garsuu yks koree IEP attamitti barattoonni qormaata state guutummaatti kennamu kana keessatti akka hirmaatan kan murteessu.

Qormaata kana fudhachuun eenyuuf ta'a yks maaltu barbaachisa kan jedhuu murtoon MTAS garsuu yks koree IEP gargaara. Odeeffannoo dabalataaf *MTAS Eligibility Requirements* (kan jedhamu) MDE website ilaalaa. (Districts, Schools and Educators > Statewide Testing > Minnesota Tests dhaqaa ilaalaa.)

Qormaata kana attamitti darbu?

Barattoonni qormaata MTAS kufuu yks darbuu kan jedhu hinjiru; akkasumas mucaan keessan kutaa tokkoo gara isa itti aanuutti darbuu hin'dhowwu. Barattoonni hundi adda addaan qabxii iddoo afur'tti hiramee dandeetti kan agarsiisu argatu—Sadarqaa Dandeettii Kan-Biraa hinguutnne, Xinnoo yks Muraasa Guuteera, Sadarqaa Dandeettii Kan-Biraa Guuteera, baayyee Sadarqaa Dandeettii Kan-Biraa caalaa hojjete.

Akki qormaatichaa attam yks maal fakkaata?

Hojiin MTAS kun qorannaa barattoonni hammam hojjechuu akka danda'an kan ilaalu, barsiisaa yks barsiisituu barattichaatiin yks hojetaa aanaa'tiin barattoota tokko-tokkon (bira taa'anii) kan kennamu dha. Qormaati kun kan inni xiyyeeffatu dandeettiin mucaa keessanii barumsaan; (dubbisuun, erregaa fi science) kan ittin madaalamu dha. Hojiin MTAS irraa nama danquu dhan gaafii qormaata MCA irratti kennamuu irra baayyee salphata. Wanti hojjetamuun irra jiran yookii sagalee olfuudhanii dubbifamu, yokii suuraa dhaan dhi'aatu, yookiis fakkaattii dhan fi/yks walumaa galatti barattoota gargaarsa barbaadaniif gargaarsaaf waan ta'an, kennan. Barattoonni karaa adda-addaa isaanii ta'een (dubbachuun, qubaan agarsiisuun, yks ijumaan hubataniif ilaaluun) gaafiin yks hojiin sun maal akka ta'an deebisuu danda'u.

Qormaata MTAS keessatti dandeettii akkamiitu iaalama?

Qormaati MTAS dubbisuu, erregaa fi science akki inni itti qophaa'u, dandeetti kan mullisan, adda kan ta'an odeeffannoo kennuu dhaan. Waa'ee qormaata kanaa maal akka gaafatu (test specifications) MDE website ilaala. (Districts, Schools and Educators > Statewide Testing > Test Specifications dhaqaa ilaalaa.)

Fakkeenya qormaataa kan barattoota qophaa'uu dhaaf gargaaran, gaafiin qormaatichaa maal akka fakkaatan ilaaluuf. Fuula Item Samplers fi qayyabsiisa barattootaa jedhu, MDE website odeeffannoof dhaqaa ilaalaa. (Districts, Schools and Educators > Statewide Testing > Item Samplers dhaqaa ilaalaa.)

Dubbisuu

Qormaati Dubbisaa MTAS hojii dandeetti barataa tokko, macaafota bixxila seenaa gaggababa fi kan dhuguma ta'an dubbisuun hammam akka hubachuu danda'u madaalu/safaru. Iddoon dubbifamu fi hojiin suuraa, fakkeenya fi waan adda-addaa wajjin dhi'aatu. Barattoonni qormaata dubbisaa MTAS fudhatan, iddo dubbifamu dhaggeefachuu, barsiisaa/barsiisituu waliin ofii dubbisuu yks kophaa dubbisu.

Errega

Qormaati Erregaa MTAS hojii barataan tokkoo, hammam hubannaa hojii itti kennamu sana hojjechuu danda'u, yaada fi sallauu erregaa hammam akka hubatu kan madaalu/safaru dha. Hojiin kun toora sararuu, suuraa fi/yks waan tokko-tokko (waan akka bifaa) kan barattoota maal hojjechuuf akka gaafataman kan gargaaru dablata.

Science

Qormaati Science MTAS, hojii hubannaa science barataa tokkoo, science maal akka ta'e, akka science'tti yaaduun maal akka ta'e kan madaalu yks safaru dha. Barattoota tarree sararuun, suuraa dhan, fi/yks mi'a barattoonni maal hojjechuuf akka gaafataman hubachuu isaan gargaara.

Bahii MTAS kan mucaa kootii, kan mana barumsaa isaa fi kan aanaa attamittan arguu danda'a?

Manni Barumsaa keessan gabaasa bahii barattootaa adda addaan (tokko-tokkoon) kan mucaa keessaniis waan argatuuf isinii kennuu danda'a. Gabaasi kun walumaa galatti mucaan keessan akaakuu barumsa adda addaa keessatti akkam akka hojete/hojjete achumaanis kenna addaa kan mucaan keessan qabu agarsiisa, akkasumas mucaan keessan walumaa galatti qormaata MTAS hammam akka hojete mullisa. Manni barumsa gabaasa kanatti dhimma ba'uuan, barsiisi isanni hammam ijoollee ta'eef jedhanii of madaaluu, garsuun IEPs odeeffannoo kanatti dhimma ba'uun barumsi hammam guddata akka jiru ittin madalaa.

Bahii mana barumsaa fi kan aanaa Minnesota Report Card kutaa jedhu, kan Data Center MDE website irratti argama. Minnesota Report Card kutaa MDE websaayitii dhaqaa ilaalaa. (Data Center > Minnesota Report Card dhaqaa ilaalaa.)

Odeeffannoof, kan kanaa gaditti kenname quunnamaa:

Statewide Testing
mde.testing@state.mn.us

Minnesota Department of Education
1500 Highway 36 West
Roseville, MN 55113-4266
http://education.state.mn.us

Fulbaana 2016